

سُورَةُ الْفِيلِ  
Suuraa Fiil

\*Dura dursoo suuran tun {suuratulFiil} je'anti.

قبل كل شيء هذه هي سورة الفيل

\*Isiin suura makkaati

وهي سورة مكية

\*Aayaanni isi'ii shani {5}.

وآياتها خمس

\*Lakkooyisi isi'ii dhibbaafii shani

وعدها مائة وخمس

\*Isiin eega suuraa {alkaafiruunatii} buute.

نزلت بعد سورة الكافرون

\*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

1} \*Yaa ergamaa kiyya Muhammad akka Rabbiin kee, ashkara habasha'aa kan {arba} fe'atee {ka'baa} jiysu'uuf makkatti duule godhe, hin agarree? hin beynee, hin dhageenyye? dhageessee beyte jechu.

أَلَمْ تَرَ كَيْفَ فَعَلَ رَبُّكَ بِأَصْحَابِ الْفِيلِ ١

2} \*Si Rabbiin kee mala isaanii hamaa san harkatti hin balleessinee? bakka gayuu hin hanqifnee? malli badaan isaan deemaniin ka'baa jiysuudhaa.

أَلَمْ يَجْعَلْ كَيْدَهُمْ فِي تَضَلُّلٍ ٢

3} \*Ashkara habasha'aa san shinbirroo tuuta tuutan itti ergee hoggaa isaan makkatti dhiyaatan.

وَأَرْسَلَ عَلَيْهِمْ طَيْرًا أَبَابِيلَ ٣

4} \*Tuuta shinbirro'oo tan dhagaa {si jjiilin} isaan darbattu itti erginee {sijiil} jechuun bordoda ibidda jahannamiin gubame yookaa bilcheeffame, dhagaa firii shum-bura'arra xixiqqa'aa, kan firii missirarra gurguda'aa, kan maqaan nama itti darbamu hundaa irratti katabamee jiru, shinbirroon sun wane'erra xixiqo'oo bahara keessaa duula dhuftu, isii dhagaa sadii sadii, miila lamaanifii afaanittiin deemtu, dhagaa yoo mataa ashkararra bu'e, sibiila inni mata'arraa qabu keessan mataa seenee, jalaan bayu, kan {arba} isaan deemaniin hunda, keessan fufulla'u akkasitti Rabbiin kee duula habasha'aa, kan ka'baa jiysu'uu deemu hunda fixe, kan nama oduu isaanii himu malee, nam tokkolleen irraan hafin, dhagaan sun ashkaraa san cacabsee.

تَرْمِيهِمْ بِحِجَارَةٍ مِّن سِجِّيلٍ ٤

5} \*Akka baala midhaanii takkaa qashaa horiin nyaatee udaanee, miilan irra dedde-

فَجَعَلَهُمْ كَعَصْفٍ مَّأْكُولٍ ٥

mee caccaphsee isaan godhe amanni yookaa barri habashaan makkatti duulte, akka taariikha faranji'itti dhibba shaniifii torbaatami lama, amanni sun amata nabi Muhammad dhalate islaama dura, amata afurtama jechu' abbaan duula sanii {abrahaa} je`ama, kan gaafas yaman bulchu', mootii habasha`arraa bakka dha-abbatee,sababaan inni {ka`baa} diigu`uu ka`eef, inni araba mara, kan {ka`baa} {kakgbaa} guddisu kan sanii je`ee, amata mara makka dhaqu garraan, mandara guddaa biyya yaman, kan {sankgaa} je`amu keessatti mataskaana akka biraa kan {qulleys} je`amu jaare, akka arabni bakka ka`baadhaa isii buufatu jecha`aaf , duuba namni arbaa tokko, takkaa jarri qureyshi`ii kan warra makkaa aaree, yaman dhaqee mataskaana habasha`aa san, dhokatee gube takkaa waan mooticha habasha'aa dallansiise itti dalage, hoggaa san {abrahaan} {kakgbaa} jiysu`uu khakhatee duula qopheysse {kakgbaa} jiysu`uu baye, arba kudha lamaan wajji, arbi irra gudda'aa {mahmuud} je'amaa, wanni arba san oofaniif, shanshalata morma {arba} sanitti hidhaan hidhanii, arba, lamaan shanshalanni gama lamaanin itti hidha`aa, {kakgbaa} moggaa isi`ii lamaan baasanii, itti ari`uudhaa jecha, akka humna {araba} lamaanitiin ka`baan jiydu, haatayuu {abarahaan} waan ka`eef hin arganne, maalif Rabbiin waa hunda uume, kan ka`abaa guddisaa je`e, ka`baadharraa isaan deebisuu qaata muree, tanaaf jecha ashkarri abrahaadhaa, hoggaa ganda makkatti dhiyaatu {arbi} isaan oofan gara makkaa deemu dide, kan yoo gara biraa gara galchan ceyu, odoo isaan kana keessa jiranuu Rabbiin duula sami`ii xayyaaraa itti kaasee dhagaa ibiddaa itti harcaaftee achitti akka hambaa qashaa horiin nyaatee hambisee, yookaa hagee isaan godhe.